Sochii Dargaggoota Biyyoolessaa,
Bilisummaa fi Dimokraasiif(SDBBD)

National Youth Movement for
Freedom and Democracy (NYMFD)

# Fimaata Fakkeessaa Wayyaaneen Gaggeessaa Jirtu Ilaalchisee Diddaan Uummanni Oromoo Taasisaa Jiru Abdachiisaa Dha.

## Ibsa Qeerroo, Amajjii 24,2015

Ummanni Oromoo baroota 23 darban dararaa fi cunqursaan sirna bittaa mootummaa Wayyaaneen irra gahe seenaa jireenya isaa keessatti takkaa argee kan hin beekne,hidhaa,ajjeechaa,arihamuu,biyyaa fi qabeenya saamamuu irra darbee qaamaa qalbiin manca'ee jira.

Yeroo ammaa kana itti utuu ummanni Oromoo laalaa gabrummaa hadhaawaa kana jala jiruu mootummaan Wayyaanee filmaata Caamsaa 2015 keessa gaggeessuuf jecha uumatni dirqiin akka isa filuu fi kaardii filatnnoo humnaan raabsuu eegalee jira.Ta'us cunqursaan baroota darbanii laalaan isaa hammaataa waan ta'eef ammos hacuucaa fakkaatu baadhachuu irra diddaa gabrummaa jabeessuun bilisa of baasuuf murteeffatee jira.Haala kanaan mootummaa cunqursaa filuu diduu fi kaardi har'aa fudhachuu diduu irratti hamma ammaa diddaa uumanni Oromoo muldhise jabaadha.Akka Qormaata maadheelee Qeerroo mootummaa keessaa argametti uumanni Oromoo dhibbentaadhaan yoo ilaalle Oromiyaa keessatti filannoof kaardii kan fudhate 5.6% kan hin caalleedha. Kun heddummina uumata Oromoo filuuf ulaagaa guutu waliin yeroo ilaalamu haalaan gadi bu'aa waan ta'eef diddaan uumati Oromoo taasisaa jiru jaran akka jabaatuu fi galmi isaa biyya ofii dhuunfachuun sirnaa fi mootummaa bilisa ta'e ijaarrachuu irratti akka dhaabbatu Qeerroon waamicha dabarsa.

Gabateen armaa gaditti argamu galmee qormaata Caasaan Qeerroo fimaata yeroo ammaa ilaachisee mootummaa keessaan qoratee dhiheesse dha.

# Boordii  Filannoo Akka Oromiyaatti Gaggeeffamaa Jiru

1. Akka Naannootti Head Office isaanii Finfinneetti banamee jira.
2. Godinoota Oromiyaa 18 keessatti hojii eegaleetu jira.
3. Aanaalee Oromiyaa keessaa 178 tahan keessatti hojiin kan eegaleedha

**Gabateen kanaa gadii baayina bakkaa fi buufata filannoo kan agarsiisuudha.**

| Lakk. | Godinoota | Baayina Bakka Filannoo | Baayina Buuf |
|---|---|---|---|
| 1 | Shaggar Lixaa | 15 | 1187 |
| 2 | Horro Guduruu | 4 | 369 |
| 3 | Wallagga Bahaa | 10 | 796 |
| 4 | Wallagga Lixaa | 11 | 817 |
| 5 | Qellem Wallaggaa | 6 | 461 |
| 6 | Iluu A/Booraa | 11 | 986 |
| 7 | Jimmaa | 18 | 1530 |
| 8 | Sh/Ki/Lixaa | 9 | 961 |
| 9 | Shaggar Bahaa | 8 | 819 |
| 10 | Arsii Bahaa | 18 | 1394 |
| 11 | Shaggar Kaabaa | 10 | 982 |
| 12 | Baalee | 7 | 936 |
| 13 | Gujii | 5 | 569 |
| 14 | Boorana | 5 | 570 |
| 15 | Harargee Lixaa | 12 | 969 |
| 16 | Harargee Bahaa | 16 | 1569 |
| 17 | Arsii Lixaa | 11 | 960 |
| 18 | Godina Addaa Oromiyaa | 6 | 796 |
| 19 | Bishooftuu | 1 | 63 |
| **Ida'ama** | | **183** | **16734** |

**Ibsa:** Mana Marii Paarlaamaa giddu galeessaaf kan filataman= 178

Mana marii naannoo(Caffeef) kan filataman=534

Kaardii filannoo fudhachuuf kan adeemsifamaa ture akka warra habashaatti Xirrii 1-6/2007ti.  Oromiyaa keessatti uummanni kaardii filannoo fudhachuu lagatee jira,amma illee itti jirama. Wayyaaneen akka abdatettis uummanni fudhachaa hin turre baayinaan kan fudhate miseensota OPDO kan isa deggeran qofaadha.  Torbeewwan sochiin

filannoof kaardiin kennamaa ture kana keessatti humnatti fayadamuudhaan, doorsisa ijoolleen keessan barumsa hin baratan isin kaardii hin fudhattan taanaan jechudhaan,doorsisuun namootni dhimma maatii isaaniif jecha kaardii filannoo humnaan akka fudhatan tahe, hanga ammaatti kaardii filannoo kan fudhatan godinaalee oromiyaa keessaa dhibbentaadhaan baayina nama fudhatee waliin kanaa gaditti kan argamu irraa odeessa full tahe argachuun ni danda'ama.

**Godinaalee Oromiyaa keessatti Kaardii Filannoo Fudhachuuf Waxabajii 8-14/2015tti Adeemsifame.**

| Lakk. | Godina | Kaardii Fudhachuuf Kan Galmaa'e | | | Dhibbentaadh |
|---|---|---|---|---|---|
| | | Dhiira | Dhalaa | Ida'ama | |
| 1 | Qellem Wallaggaa | 49,871 | 35,122 | 84,993 | 26% |
| 2 | Lixa Wallaggaa | 113,427 | 69,144 | 182,571 | 35% |
| 3 | Baha Wallaggaa | 153,841 | 125,541 | 279,382 | 45% |
| 4 | Horro Guduruu W. | 38,280 | 29,154 | 67,434 | 32.13% |
| 5 | Iluu A/Booraa | 87,093 | 61,882 | 148,975 | 26% |
| 6 | Jimmaa | 566,346 | 517,711 | 1,084,057 | 90% |
| 7 | Lixa Shawaa | 128,869 | 97,645 | 226,514 | 33.5% |
| 8 | Ki/Li/Shawaa | 75,060 | 56,479 | 131,539 | 37.6% |
| 9 | Harargee Lixaa | 234,900 | 304,100 | 539,000 | 70% |
| 10 | Baha Shawaa | 280,681 | 238,732 | 519,413 | 73% |
| 11 | Kaaba Shawaa | 224962 | 159,156 | 384,118 | 51% |
| 12 | G/Addaa Oromiyaa | 114,820 | 79,200 | 194,020 | 36% |
| 13 | Arsii Bahaa | 510,323 | 465,782 | 976,105 | 92% |
| 14 | Arsii Lixaa | 227,002 | 204,539 | 431,541 | 55.73% |
| 15 | Baalee | 232,034 | 204,433 | 436,467 | 67.7% |
| 15 | Gujii | 121,938 | 106,037 | 227,975 | 47.% |
| 17 | Boorana | 138181 | 109,605 | 274,786 | 54.% |
| **Ida'ama** | | **2,947,908** | **2,480,962** | **5,428,870** | |

- ✓ **Dhibbentaadhaan yoo ilaalle Oromiyaa keessatti filannoof kaardii kan fudhate 5.6% kan hin caalleedha.**

## Amajii 8-20/2015 Filannoof Kaardii Kan Fudhatan Akka Oromiyaatti

| Lakk. | Godina | Kan Karoorfame | | | Kan Galmaa'e | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Dhiira | Dhalaa | Ida'ama | Dhiira | Dhiira | Ida'ama |

| | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Qellem Wallaggaa | 218,668 | 187,411 | 406,079 | 127,616 | 98,572 | 226,188 |
| 2 | Wallagga Lixaa | 309,431 | 164,946 | 474,377 | 261,620 | 217,712 | 479,332 |
| 3 | Wallagga Bahaa | 299,861 | 286,867 | 586,728 | 247,795 | 216,815 | 464,610 |
| 4 | Horro Guduruu | 131,726 | 128,245 | 259,971 | 103,874 | 87,361 | 191,235 |
| 5 | Iluu A/Booraa | 328,209 | 296,129 | 624,338 | 231,239 | 188,581 | 419,820 |
| 6 | Jimmaa | 733,137 | 701,792 | 1,434,929 | 647,970 | 611,174 | 1,259,144 |
| 7 | Shaggar Lixaa | 459,428 | 432,495 | 888,923 | 350,451 | 295,944 | 646,395 |
| 8 | Ki/Li/shaggar | 281,535 | 249,729 | 531,264 | 205,216 | 176,094 | 381,310 |
| 9 | Harargee Lixaa | 496,947 | 454,175 | 951,122 | 333,907 | 279,456 | 613,363 |
| 10 | Shaggar Bahaa | 452,618 | 405,408 | 858,026 | 348,631 | 309,324 | 657,955 |
| 11 | Shaggar kaabaa | 444,750 | 408,495 | 853,235 | 323,844 | 289,604 | 613,448 |
| 12 | Harargee Bahaa | 808,759 | 757,325 | 1,566,084 | 332,799 | 278,608 | 611,407 |
| 13 | Arsii Bahaa | 641,658 | 594,416 | 1,236,074 | 595,781 | 545,019 | 1,140,800 |
| 14 | Arsii Lixaa | 494,185 | 474,937 | 969,122 | 419,769 | 392,370 | 812,139 |
| 15 | Baalee | 412,045 | 384,361 | 976,406 | 329,106 | 300,269 | 629,375 |
| 16 | Gujii | 296,084 | 281,203 | 577,287 | 245,180 | 220,494 | 465,674 |
| 17 | Boorana | 281,271 | 257,768 | 539,037 | 214,802 | 192,816 | 407,618 |
| Ida'ama | | 7,087,312 | 6,365,692 | 13,553,002 | 4,986,801 | 4,421,605 | 9,408,406 |

Hubachiisa: Akka karoora mootummaatti guyyoota kana keessatti(Amajii 1-12/2007 A.L.H) dhibbentaadhaan 80 ol ture,kanneen deemani kaardii filannoo kana fudhatan, Wayyaaneen doorsisa garagaraa uumuudhaan, kan biraan caasaa isaanii fi deggertoota isaaniitiin kan kennamaa jiruudha.

Qeerroo Bilisummaa

Amajjii 24,2015

Injifannoon Uummata Oromoof!

Gadaan Gadaa Bilisummaati!